xiyyeefannaa

Waaqayyoon yaadachuun fi galateeffachuu

Oromoo

Wanti Gooftaan godhe maal maal ajaa'ibsiisaa guutuu *dha!!warra itti gammadan hundumaaf kan qoratamee bira ga'amee dha, gochaan isaa surra-qabeessaa fi miidhagaa dha, qajeelummaan isaas jabaatee ni dhabbata.* Farf. 111:2-4.

Jecha Dawit kana nutis utuu jireenya keenya keessatti calqqisiifannee gaarii dha. Akkasumaa yeroo fudhannee yaadnnee galateeffachuu. Barreessaan macaafa Dawit kanaan olitti kan inni barreessee, waan yaadatamee galateeffamu qabu ta'uu isaa ti. Kana immoo hooqubaan /galataan/ guutamee dubbata. Waaqayyoon keenya attam araaraan dha!

Mee har'a maal irratti Waaqayyoon galateeffachuu barbaaddu? Wanti isin yaadatanii gammachuudhaan guutaman maaltu jira? Akka inni itti isin fayyise? isin jaallate? birmmadummaa inni isiniif kenne?

Garuu galteeffachuun keenya isa inni nu eebbise qofa osoo hintaane, yeroo rakkoo keessa jiraannus ta'uu qaba. Mee amm yeroo kana rakkoo maal keessa akka jiraatan yaadaa, kan isin irraanffachuu hin qabne Waaqayyo amma iyyuu haala isin keessa jiratan keessatti isin wajjin jiraachuu isaa hin dagatainaa! Haaluma isin keessa jiratan keessatti gammachuu sammuu keessan keessa guutuudhaan akka irraanffatan godha.

Ji'a kana keessatti egaa waan Waaqayyo saganataa Radio Abdii dubartootaa biyyoolessaa kanaa wajjin hojjeteef yaadannee galateeffanna. Gareen biyya baadiyyaa keessaa saganataa kana qopheessanis waan baayyee hojjetaa jiraachuu isaanii fi barreeffama qopheessanii akka isan tajaajila gahaa kennan Waaqayyoo isaan gargaareera. Gareen kadhataas tajaajila gahaa naannoo isaanii jiran, kan mana adabaa jiran, fi rakkoo adda addaa keessa jiraniif kadhatanii furmaata gurguddaa Waaqayyoon biraa argataniiru, kunis dhuga baatii guddaa akka qaban ibsaniiru. Kana qofas miti namoota dhaggeeffattoota keessattis Waaqayyo dubbii isaa lphee isaanii keessatti facaaseera.

Har'as nuti akkuma Dawitiin galata guddaa fudhannee fuula gooftaatti dhiyaachuuf dubbii kana duukaa bu'uutu nurraa eegama. Nuti isa galateeffachuun waan inni nuuf godhee fi waan inn uumaa keenyaa ta'eef dha. Nu uumuu isaa qofa kan isaa immoo nu godhate, nu jaallates jireenya barabaraas nuuf kenne. Farf.100

''Namoonni lafarraa hundumtinuu Waaqayyoof galata galachaa! Waaqayyoon gammachuu fi faarfannaadhaan isa tajaajilaa! Isatu nu uume hoolotaa isaas nu godhate, Waaqayyoo gooftaa ta'uu isaa hin dagatinaa. Isa galateeffachaa gara mana qulqulluumaa isaatti ol galaa, galataanis mana isaa keessaa deddeebi'aa, sbabini isaa Waaqayyoo gaarii dha. Farf.100'

TWR Women of Hope Africa • P O Box 4232, Kempton Park, 1620, South Africa • +27 11 974 2886 • info@twrwomenofhopeafrica.org • twrwomenofhopeafrica.org

Waliin haa kadhanuu! Ji'a Sadaasaa 2019/2012

1. Yaa Waaqayyo barattoonni biyya Chaayinaatii gara baiyya Norway dhaqanii barnootaa isaani hordofan saganataa Radio Abdii dubartootaa hordifanii abdii isaanii waan haareeffataa jiraniif galanni siif hata'uu!	**2.** Biyya Romania keessatti miidiyaa Faccbookiitiin saganataan Radio Abdii dubartootaa waan dhaggeeffatamuu eegalee fi dhaggeeffatoonni hedduun waan fayyadamaa jiraniif galata siif galchinaa galatoomi Waaqayyo!	**3.** Waaqayyoo koo nuti akkuma garbicha kee Dawit gochaa kee hunda ormootaatti odeessuujaallanneerra!Faargaannaadhaan maqaaa kee jajjannaa! Waan ati goote hundumaa amma handaara lafaatti ni odeessinaa, glatoomi. Farf.105:1-2.
4. Waaqayyoo keenyaa sagantaa Abdii dubartoota kan tajaajiala Radio biyya Tanzaniyaa keessatti buufata kudhan /10/ keessatti eegalamee qileenssa.	**5.** Yaa Waaqayyo ji'a sadaasaa kana keessatti waa'ee diraamaa dhimma warra rakkoo gadameessaa qabani irratt biyya Romania keessatti agarsiifamuuf qopheefaamaa jiru akka eebbiftee ija itti gootuuf garee hojjetoota sagantaa Radio abdii dubartootaain kan qophaa'u kun akka eebbafamuuf si kadhanna Amiin.	**6.** Biyya Indonesia keessatti saganataan radio abdii dubrtootaa buufta 46 irratti, biyya Javanese keessatti immoo buufata 22 irraa tamsaasa waan eegaleef galanni guddaan Yaa Waaqayyo keenyaa siif hata'u.
7. Waaqayyo biyyi Finland saganataa tajaajiala Rdio Abdii dubartootaa akka biyya Hindi keessatti eegalmamuuf bajata isaa waan hojjetamaa jiruuf, sammuu namoota kanaas waan bantee hojiin gaariin kun akka jalqabamuuf waan gooteef galata kee ulfaadhu gooftaa! Waa'ee dhimma.	**8.** Waaqayyoo keenyaa dubartootaa qubattoota ta'aniif biyya Albenia keessatti bakki jireenyaa waan kennamaafii jiruuf, gareen kadhataa kan Abdii dubartootaas haadholii kanaaf sagalee kee hiranii akka isaan isaan jajjabeesaniif waan karaa banteef, galata siif galachinaa galatoomi!	**9.** Waaqqayyoo Hojii Waangeelaa biyya Ukraine keessatti jalqabameef galata kee, obbolleettiwan mana mana irra adeemanii namoota sagalee keetiin jajjabeessaniif galata kee! Dubbiin kee biyya hundumaa keessatti waan humnaan adeemaa jiruuf galata kee.
10. Waaqayyo maqaa ilama keetii isa ittiin akka fayyinuuf nuu keniteef maqaa maqaa hundumaa caalu kanaaf galata kee! Maqaa kanaaf jilbi hundinuu injilbeenfataa, arrabni hundinuu sigalateefataa akkuma dubbii keetti siglateefannaa galata kee! Filip.2:9-11.	**11.** Yaa Waaqayyo garee kadhataa biyya Serbian keessatti dhaabbate keessatti hirmaachuuf namoonni hedduun waan itti dabalama jiraniif galata kee! Namoota kana waan laphee isaani kakaastee gara saganataa kanaatti ergaa jirtuuf hojii guddaa karaa kanaan hojjatamaa jiruuf galata kee ati galatoomi!	**12.** Kadhimamtoota biyya Afirkaa kana keessaa hojii sagantaa radio Abdii dubartootaa hojjechuuf qophaa'aa jiraniif, walitti dhufeenya tokko tokko wajjin wal hidhee hojii kee hojjechuuf harka wal qabatanii adeemaa jiran kanaaf galata siif galchinaa galatoomi!
13. Yaa Waaqayyo hojii guddaa mana adabaa keessatti karaa Adbii dubartootaatiin hojjetamaa jiruuf fi hojjetameef si galateeffanna, Waaqayyoo keenyaa karaa sagantaa kanaatiin immoo jireenya nama baayyee akka ati fayyiftuuf si kadhanna!	**14.** Biyya France keessatti dubartootaa fi dhiirota hojii kee cimanii hojjetaa jiraniif, yaa gooftaa amantoota isanii wajjin waaqefataa jiraniif hundumaa ayyana kee akka dabaltuuf si kadhannaa! Abbaa keenyaa amma iyyuu amntoota baayyee isaaniif dabali jennee si kadhanna!	**15.** Yaa Waaqayyo jojii guddaa biyya Malwai keessatti hojjtaa jirtuuf, karaa hojii wangeelaatiif banaa jirtuuf galanni siif haata'u! yaa gooftaa waa'ee paasteriin garee kadhataa nama 22 waajiin kadhatee isaanii wajjin hojii wangeelaa hojjechaa jiruufis si galateeffannaa galat kee!!
16. Yaa Waaqayyo ati gaggeessaa jireenya keenyaa waan tateef, amma ammaatti harka keetiin nu gaggeesitee har'aan nu geesseetta, amma immii biyya Zurich fi biyya Switzerland keessa Bitootessa 2019 hojii haaraa eegalamuuf ka'uuf si galateeffannaa galata.	**17.** Yaa Waaqayyo ilma kee Yesus Kirstoosiin akka fayyaisaa lubuu keenyaatti waan amanne fudhanneef, akkuma kana immoo isatti abqamnee amma ammaatti waan jiraanneef si galteeffanna! Ammas itti fufnee isatti jabaannee jiraachuudhaaf, amantii keenyatti cimnee si wajjin jiraachuuf nu gargaari. Qola.2:6-7.	**18.** Gooftaa koo sagantaan Radio Abdii dubartootaa afaan Tamiliitiin waan daddarbaa jiruuf, sigalateeffachaa, sagaleen kee immoo nmaootaaf jajjbina cimina fi kan ittiin fayyan akka ta'aniif isaan gargaari. Waan dhaga'anitti jabaatanii akka jiraataniifis ati isaan jabeessi.
19. Yaa Waaqayyo sagaleen kee inni abdii namaaf kennu amanamaa fi jaallatamaa dha, Yaa Waaqayyo haala dhalli namaa keessa jiru ati beekta, ati yammuu anamni si waammatu daftee nama bira geessaa, kanaafis si galteeffannaa galatoomi.	**20.** Diraamaan waa;ee miidhaa dhokataa jedhu afan warra Koreatiin eegalameera Yaa gooftaa! Egaa si kadhannaa namoota Kooriyaa keessaa gara Chainaatti kooluu galanii jiraataniif barumsa guddaa akka isaaniif kennuuf diraamaa kana ati eebbisi maqaa gooftaa keenya Yesuusiin	**21.** Yaa Waaqayyo garee kadhataa biyya Canada Keessaa guyyaa guyyaatti mata duree kadhataa ol kaasanii hiryyotan isaanii waliin kadhachu jiraataniif si galateeffanna namoota kak'umsa mataa isaaniitin akkas si tajaajilan waan kaafteef! Mata duree kadhataa kana fedha isaaniitiin akka ini biyya bakka garagaaraatti raambasamuu godhu isaan eebbisi
22. Biyya Seweden keessatti Hannah Kaaffee jedhamee bakka hojiin wangeelaa itti hijjetamu waan qophaa'ee itti fayyadamaa jiraniif galatoomi gooftaa! Dubartoota iddoo kana irratti hojjetan imoo ija jabummaadhaan waan guutteef waan dhimma itti baatuuf galanni siif haata'u	**23.** Waa'ee dhaggeeffatoota keenya biyya Portugal jiraniif Gooftaa si galteeffanna! Baayyeen isaanii saganataa kana hordofuu fi dhaggeeffachuudhaan laphee isaanii gara si'I Waaqayyo jiraataatti waan deebisataa jiraataniif galatoomii Waaqayyo!	**24.** Yaa Waaqayyo fuula kee duratti waan filatamtootaa fii ulfina qabootaa taaneef si galateeffanna! Birmmadummaa nuuf kennamee fi humna hafuura qulqulluutiin mana kee fi dubbii kee irra waan nu dhaabeef galanni siif haata'u. Ayyaana kee isa bilisa nu baaseef galata Efe. 1:4-13.
25. Wa'ee jireenya dubartoota Ithyiopiattif waaliin haa kadhanuu akkasummma wa'ee tajajjiila saganta abdii dubartootatiif kan duukka waaliin haa kadhanuu!	**26.** Yaa Waaqayyo haala kamiinuu keessatti akka nuti sigalateeffanuuf waan yeroo nuuf kenniteef galatoomi! Nuuf immoo akeeki kee nurratti gaarii waan ta'eef! Karaa ilma kee Yesuus Kirstoos yaadi ati nuuf qabduu garii waan ta'eef si galateeffanna! 1Tasa.5:16-18	**27.** Yaa Waaqayyo saganataa abdii dubartootaa kan qopheessan baayyee danddeetti kan qaban afaan wara Vetinam fi Japanesetiin akka qopheessaniif garee tokko gara biyya Kibba bahaa Asisatti waan ergamaniif galnni siif hata'u!
28. Biyya Garman keessatti diraamaa ''miidhaa dhokataa jedhu karaa irratti agarsiisuuf namoonni kana irratti hojjetan waan argamaniif Yaa Waaqayyo si glateeffanna! Hojii diraamaa kun immoo akka inni bu'aa agarsiisuuf ati ofii keetii hojii kana keessatti argami! Dhimma kanf karaanis waan banameef galtoomi!	**29.** Yaa Waaqayyo waggaa jaatamaff dhabilee saganataa tamsaasa Radiyyo biyyoolessa fi ERF jedhamu waan waliin hojjetaa tureef sigalteeffanna! Keesumattu saganataan adbii dubartootaa kun erga eegalamee kaasee dhabni hafuuraa kun baayyee waan deggerssa gedheef si galateeffanna galatoomi!	**30.** Yaa gooftaa nuti waan nyannuu waan uffannuf akka nuti hin yaadofnee sagalee keetii nuti himteetta, amma ammaattis wanti nuti hir'ate hin jiruu ati waan nu barbaachisu ofii keetii beektee waan nuuf kennituuf galatoomi. Mate.6:31-32